

# NAWAAQID UL-ISLAAM

نواقض الاعلام

Qopheeysa:

Sheek Muhammad Abdulwahhaab

Hiikaan:

(Abuu Muhammad)

Jaafar Bayaan Al-Baddeeysii

Beeki wanni Islaamummaa namarraa  
balleessaa waa kudhan.

IBSA.

Wanni Islaamummaa namarraa balleesu:  
waan namni tokko eega Islaama seene  
waan san dalaguudhaan ykn jechuudhaan  
ykn yaaduudhaan Islaamummaa keessa  
bahu. Kan sabaaaba isii Islaama  
jedhamurraa Kaafira tahu jechuudha.

Namni Islaamaa hundi waan  
Islaamummaa namarraa balleesu kana  
barachuun dirqama isaati, akka isii beeke  
if eeguuf jecha.

Rabbiin akkana je'a:

وَلَا تَرْتَدُوا عَلَى أَدْبَارِكُمْ فَتَنَقْلِبُوا خَسِيرِينَ

{If duuba hin deebi'inaa (Kaafirummaatti)  
duyda duuba keessanitti warra hongowe  
taatanii.} Al-Maa'iidaa: 21

*{Isinirraa namni Amantii isaatirraa if  
duuba deebi'u, inni Kaafira. Orma san  
dalagaan isaanii baddee jirti Adunyaa fi  
Akhiraatti ammallee isaan warra  
Ibiddaati, Isaan isii keessatti turoodha.}*

*Al-Baqaraa: 217*

*Ergamaan Rabbii (S.A.W) akkana jedhan:  
“nama amantii Isaa jijiiru ajjeesaa!”*

*Bukhaarii: 3175*

*Ulamaa'iin akki ja'an: namni tokko eega  
Islaama tahee if duuba deebi'ee kan  
kaafira tahu dalagaadhaan, jechaan,  
amanuudhaan ykn yaada san  
dhugoomsuudhaani fi shakkiidhani.*

**wanni Islaamummaa namarraa  
balleessaa waa kudhanan**

**1FFAA.**

Ibaadaa (gabbartii) Rabbii keessatti waan  
biroo Allaahatti qindeesuudha.

Ragaan jecha Rabbitti:

إِنَّ اللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَنْ يُشْرِكَ بِهِ وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَلِكَ

{*Allaahaan Isaatti Qindeessu (sharraku)  
hin araaramu, waan sanii gad jiru  
namaaf irra dabra*} An-Nisaa: 48

مَنْ يُشْرِكُ بِاللَّهِ فَقَدْ حَرَمَ اللَّهُ عَلَيْهِ الْجَنَّةَ وَمَا أَوْنَهُ

النَّارُ وَمَا لِلظَّلَمِينَ مِنْ أَنْصَارٍ

{*isa Allaahatti qindeesu dhugumatti  
Allaahaan Jannata haraam (dhowwaa)  
isaratti godhee jira, bakki inni qubatu  
Ibidda, warra rabbitti waan biro  
qindeesuuf inni tumsuuf hin jiru.*} Al-Maa'idaa:82

Rabbitti qindeesuun: Allaahaaf malee  
qaluu (gorra'uu) akka nama jinniif qaluu  
ykn qabriif qaluu.

## **2FFAA.**

Isa Allaaha fi Isa jidduutti jiddu deemaa  
(dubbii fixaa) godhatu, kan isaan  
yaammattu, kan isaan kadhatu, kan  
isaanitti irkatu.

Inni Kaafira waliigala warra Islaamaa  
biratti (ijmaa'aan)

## **3FFAA.**

Inni Mushrikoota hin kafarsiisne ykn  
Kaafira tahuu isaanii shaakke ykn karaan  
isaanii sirriidha jedhu.

Inni kaafira (mataan isaatuu)

4FFAA. Inni karaa qajeevlaa nabiyyiin  
(s.a.w) dhufeenirra karaa birootu caala  
jedhee amanu ykn murtii Isaatirra Murti  
birootu caala je'ee yaadu.

Fakkeenyaaf: inni seera warri nama jallisubbaase seera nabiyyiirra caalchiise, inni kaafira.

### 5FFAA.

Inni waan Rasuulli (s.a.w) dhufreenirraa waan takka jibbe, osoo waan jibbe san itti dalagellee Kaafira.

### 6FFAA.

Namni waan Amantii rasuularraa tahe takkatti hanjamaa (qishnaa) godhe ykn galata (sawaaba) Allaahaan dubbatetti ykn Adaba Isaatti kan hanjamaa godhe, kaafira.

*Ragaan jecha Rabiiti:*

وَلِئِن سَأَلْتَهُمْ لَيَقُولُنَّ إِنَّمَا كُنَّا نَخْوَضُ

وَنَلَعْبُ قُلْ أَلَّا اللَّهُ وَءَايَتِهِ وَرَسُولِهِ كُنْتُمْ

تَسْتَهِزُونَ ﴿١٦﴾ لَا تَعْتَذِرُوا قَدْ كَفَرْتُمْ بَعْدَ  
 إِيمَانِكُمْ إِن نَّعْفُ عَن طَآئِفَةٍ مِّنْكُمْ نُعَذِّبُ  
 طَآئِفَةً بِآثَمِهِمْ كَانُوا مُجْرِمِينَ ﴿١٧﴾

*{Yoo isaan gaafatte “nuti ni hanjamne  
 (qishnaa goone) ammas ni taphanne”  
 ja'an. “sa Allaahatti, Aayaata Isaatti,  
 ergamaa Isaatti hanjamaa gootanii?”  
 jedhiin. Rakkoo hin himatinaa  
 dhugumatti eega amantanii kafartanii  
 jirtan. Yoo tuuta isinirraa taate gariif irra  
 dabarre tuuta garii ni adabna, sababaa  
 isaan cubbaawoo tahaniif.}*

At-towbaa: 65-66

**7FFAA.**

Raaguu fi falfala dalaguu, namni dalage  
 ykn dalagaa isaanii jaalate, kaafira.

Ragaan jecha Allaahatti:

وَمَا يُعْلِمَانِ مِنْ أَحَدٍ حَتَّىٰ يَقُولَا إِنَّمَا نَحْنُ فِتْنَةٌ

فَلَا تَكُفُرْ

{*Isaan lamaan (falfala) nama tokkollee  
hin barsiisan hanga nuti mokkoraan hin  
kafarinaan (namaan) ja'anitti.*} Al-Baqaraah:10 2

**8FFAA.**

*Nama muslima Irratti Mushrikaaf (warra  
Rabbitti waa qindeesuuf, kaafira fi  
waaqeeffataaf) gargaaru. (Sunis Kaafira)*

*Ragaan jecha Rabbii ol taheeti:*

وَمَنْ يَتَوَهَّمْ مِنْكُمْ فَإِنَّهُ مِنْهُمْ

{*namni isinirraa Isaaniif  
(Mushirikootaaf) tumse, inni  
isaanumarrahi.*}

Al-Maa'iidaa:51

## **9FFAA.**

Inni gariin namaa shari'aa nabi  
 Muhammad s.a.w keeysaa bahuun  
 Isaaniif ni taha jedhee amanu akka  
 Khadiir shari'aa nabi Muusaarraa bahetti.  
 Inni sun kaafira

## **10FFAA.**

Inni Amantii Allaaharraa garagalu kan hin  
 baranne, kan itti hin hojjane. Sunis  
 kaafira.

Ragaan jecha Rabbii ol taheeti:

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ ذُكِّرَ بِغَايَتِ رَبِّهِ ثُمَّ أَعْرَضَ

عَنْهَا إِنَّا مِنَ الْمُجْرِمِينَ مُنْتَقِمُونَ

*{inni lubuu Isaa miidhe hin jiru Isa  
 aayata (keewata ykn malattoo) Rabbii  
 isaatiin yaadachiifamee isirraa}*

*garagalerra. Nuti orma cubbaaworraa  
haluu ni bahanna.}*

As-Sajida:22

Waan Islaamummaa namarraa balleesu  
kan dubbanne hunda keeysatti,  
garaagarummaan hin jiru beekaan tahuu,  
sodaan tahuu nama dirqame malee.

Hundi isii irra guddaa wan balaa namatti  
tahurraahi, ammallee irra guddaa waan  
namni keeysatti argamuu danda'urraahi.

Nama muslimaarraa wanni barbaadamu  
isiirraa baqachuu ykn if tiysuu qaba,  
lubbuu Isaatiif sodaachuu qaba isii keeysa  
bu'urraa.

Rabbiin tiyfamna waan dallansuu isaa  
nutty sabachisurraa ammallee azaaba  
isaa laaleessaarrraa.

Nagayaa fi Rahmanni irra caalaa uumaa  
nabi Muhammad irratti, maatii isaarratti,  
sahaabaa isaarratti haa jiraatu.